# Mirgoota fi Eegumsawwan Kaffaltiiwwan Wal'aansa Fayyaa Hin Eegamne irratti Qabdan

Yoo dhiheessaa neetworkiin alaatiin hospitaala ykn wiirtuu baqaqsanii yaaluu ambulaansii neetworkiin keessaatti kunuunsa hatattamaa argattan, kaffaltii hin eegamne ykn kaffaltii garaagarummaa irraa ni eegamtu.

**"Kaffaltiin garaagarummaa" (yeroo tokko tokko "kaffaltii hin eegamne jedhamee waamamu) maali?**

Yeroo doktora yookan dhiheessaa kunuunsa fayyaa biraatin ilaalamtan, baasiwwan, kanneen akka kaffaltii waloo (copayment), inshuraansii waloo (coinsurance) fi/ykn hir'isama muraasa kiisii keessanii kaffaluu maltu. Yoo dhiheessaa yookan dhaabbata kunuunsa fayyaa neetworkiin karoora fayyaa keessan keessa hin taanen ilaalamtan, kaffaltiiwwan biroo yookan kaffaltii hunda kaffaluun isin irra jiraachuu mala.

“Neetworkiidhan-ala” kan jedhu dhiheessitoota yookan dhaabbilee karoora fayyaa keessan waliin kontiraata hin mallatteessine ibsa. Dhiheessitoonni neetworkiidhan-alaa garaagarummaa karoorri keessan kaffaluuf itti waliigalee fi hamma guutuu tajaajila tokkoof kaffalchiisamu gidduu jiru akka isin kaffalchiisu eeyyamamuu mala. Kunis “kaffaltii garaagarummaa” jedhama. Hammi kuni tajaajila walfakkaataa neetworkii keessa jiruuf gatiiwwan neetiworkii-keessatii ol ta'uu malu akkasumas hamma murtaa'aa waggaatti kiisii keessanii kaffaltan (out-of-pocket limit) irratti lakkaa'amuu dhiisuu mala.

“Kaffaltiin hin eegamne” kaffaltii garaagarummaa hin eegamneedha. Kuni kan uumamuu danda'u yeroo isin eenyu akka kunuunsa keessan irratti akka hirmaatu too'achuu hin dandeenye — fakkeenyaf yeroo muddama qabaattan yookan yeroo daawwannaa dhaabbata neetiworkii-keessa jirutti saganteessitanii garuu osoo hin eegamin dhiheessaa neetiworkiidhan-ala jiruun wal'aanamtaniidha.

**<u>Kanneen armaan gadiitif kaffaltii garaagarummaa irraa ni eegamtu:</u>**

**Tajaajiloota yeroo hatattamaa**

Yoo rakkoo fayyaa muddamaa ta'e qabaattanii fi tajaajiloota muddamaa dhiheessaa yookan dhaabbata neetworkiidhan-alaa irraa argattan, kaffaltiin olaanaa dhiheessan yookan dhaabbanni isin kaffalchiisuu malu hamma kaffaltii- qooddannaa karoora neetworkii-keessaa karoora keessanii (kan akka kaffaltiiwwan waloo fi inshuraansii waloo jiran) ta'a. Tajaajiloota muddamaa kanneenif gatii garaagarummaa kaffalchiisamuu hin dandeessan. Kunis yoo waliigaltee barreeffamaa kennitanii fi eegumsoota kaffaltii garaagarummaa tajaajiloota erga tasgabbooftanii argattan sanneenif akka isin hin kaffalchiifne qabdan dhiistan malee, tajaajiloota erga tasgabooftaniin booda argachuu maltan dabalata.

**Tajaajiloota muraasa hospitaala yookan wiirtuu baqaqsanii itti yaalan ambulaansii qabutti argattan**

Yeroo tajaajiloota hospitaala yookan wiirtuu baqaqsanii yaaluu ambulaansii, dhiheessitoota tokko tokko irraa argattan, neetworkiidhan-ala ta'uu malu. Haalota kanneen keessatti, kaffaltiin olaanan dhiheessitoonni sunneen isin kaffalchiisuu malan hamma kaffaltii- qooddannaa karoora neetworkii-keessaa keessaniiti. Kuni qoricha muddamaa, hadoochaa (anesthesia), paatoloojii, raadiyooloojii, laaboraatorii, niyoonaatoloojii, deeggaraa hakiima baqasee yaalu, ogeessa hospitaalaa, ykn tajaajiloota hakiima kunuunsa hatattamaa ilaallata Dhiheessitoonni kunneen garaagarummaa isin kaffalchiisuu hin danda'an akkasumas eegumsoota akka garaagarummaa hin kaffalchiifamne akka dhiistan isin hin gaafatan.

If tajaajiloota biroo dhaabbilee neetworkii-keessaa kanneenitti fudhattan, yoo waliigaltee barreeffamaa kennitanii eegumsa keessan dhiistan malee, dhiheessitoonni neetworkiidhaa-alaa kaffaltii garaagarummaa isin kaffalchiisuu hin danda'an.

Eegumsa kaffaltii garaagarummaa irraa eegamuu akka dhiistan gonkumaa hin gaafatamtan. Akkasumas kunuunsa neetworkiin-ala akka argattan isin irraa hin eegamu. Dhiheessaa ykn dhaabbata neetworkii karoora keessanii keessa jiru filachuu dandeessu.

**Yeroo kaffaltiin garaagarummaa hin eeyyamamne, eegumsawwan armaan gadiis qabdu:**

- Qooda kaffaltii keessanii (kan akka kaffaltiiwwan waloo (copayments), inshuraansii waloo (coinsurance) fi hir'ifamoota yoo dhiheessichi ykn dhaabbatichi kan neetworkii keessaa ta'e) kaffaltan qofaaf itti gaafatamaa taatu. Karoorri fayyaa keessan kallattiidhan dhiheessitootaa fi dhaabbilee neetworkiidhan-alaatif ni kaffala.
- Karoorri fayyaa keessan waliigalatti dirqama:
- Osoo tajaajilawwan hatattamaa argachuuf dursa eeyyama (eeyyama duraa) isin hin barbaachifne uwwisuu qaba.
- Tajaajilawwan yeroo hatattamaa dhiheessitoota neetiworkiin-alaatin kennaman uwwisuu qaba.
- Hamma dhiheessadhaa yookan dhaabbataaf kaffaluu qabdan (baasii qooddattan) kan dhiheessaa ykn dhaabbata neetworkii keessatiif kaffalu irratti hundeessuu fi hamma sana ibsa faayidaalee keessan keessatti agarsiisuu qaba.
- Hamma isin tajaajilawwan hatattamaatiif ykn tajaajilawwan neetworkiin-alaatif kaffaltan kamiyyuu hir'ifamootaa fi hamma murtaa'aa kiisii keessanii kaffaltan irratti lakkaa'uu qaba.

Yoo dogongoraanan akka kaffalu taasifame jettanii amantan, Tajaajila Kaffaltii Maamilaa (Billing Customer Service) 1-877-430-8495 yookan 1-513-636-4427 irratti dubbisaatii filannoo 9 filadhaa.

Waa'ee mirgoota seera federaalaa jalatti qabdanii odeeffannoo dabalataa argachuudhaf*https://www.cincinnatichildrens.org/patients/resources/billing* (ingiliffa qofaan jira) daawwadhaa.